Bundesamt
für Migration
und Flüchtlinge

Waraqaa gorsa barumsa afaanifi jirenya Jarmanii

Namota haaraati biya kana galani barumsa kana akka baratan kaniyamameef, yookin kandirqamamanakkasumas namota alaa kan biyakanati yero dheraa jiraatani, barumsa kana akka baratan kandirqamaman

Jaalatomota namota biya kana kessa jirtan,

Akka seerati al tokko barumsa afaanifi jirenya Jarmanii barachuf haaqa qabdu, yookin barumsa kana akka baratan indirqamamtu.

Barumsa afaanifi jireenya Jarmanii jachun maalii?

Barumsa afaanifi jireenya Jarmaniin kun walumatti qabaatti saati 600 afaan barachufi, saati 100 barnootaa immo gorsa kanbiya itti walbeeksiisan ta´a.Barumssi affaanin kun saati dhiba barnootaa dhibati hirameerraa. Saatin 300 barnootaa isa jalqabaa hundee barumsa afaanii jadhamaa. Saatin 300 barnootaa isati annu immo barumsa afaan hordofu jadhamaa

Barumsa afaaniratti jecha guya guyatii affaan Jarmanii dubachufi bareesuf kan isin barbaachisu baratu. Kana jachun namota waajira biyya bulchinsa adda adda kessa hojatan wajjin qunamti gochu, ollaafi namota walitti hojatan wajjin haasa´ufi akkasumas xalayaa bareesufi waraqaa formii gutu jachudhaa.

Barumsa gorsaratimo waaye jireenya Jarmanii akkam akka ta´e hubatuu. akkasumas seerii akkamitti akka gageefamuu, aadaafi seenaa biya Jarmanni baratuu

Yoo barbaachisee barumsa adda biraatu jiraa. Fakenyaaf dubartotaf, namota ijollee qabuuf, dargagotafi namota siritti dubisufi bareesu kanhindandenyef. Barumsi kun saati dhiba saatti _____ fuudhataa. Yoo daftani baratan tae barumsa walitti fufu fuudhachu dandeesu. Barumsa walitti fufame kanfudhatamu kanaaf saati 430 barbaachisaa.

Barumsa adda adda kana kessa inni kuum akka isinif ta´ufi barumsa issa kamirra akka jalqabdan, waajira barumsa kanaaf iti gaafatamaa kanta´etu qoramsaan isinif murrtessa

Qoramsa issa dhumaarratii qooda fuudhachu

Qoramsa dhumaarratii gaaffin gaafatamu ,yero barumsatii baratameefi gorsa kenameeratti hundefamaa. Qoramsa kanaratti bekumsa afaan Jarmaniifi bekumsa jirenya biya kana, seerafi aadaa akasumas seena biya kana siritti hubachu dandenyaan waraqaa ragaa akka qoraamsa dabartan kanisinif mirkaneesu “Zertifikat Integrationskurs” argatu

Qoramsa kanarati dandeeti kessan salphaa yoo tae waraqaa ragaa dandeetii keessan ibsu duwaa argatu.

Qoramsaratti qooda fudhchuf horri baasu isin hinbarbaachisu.

Barumsa afaaniifi jireeenye Jarmaniirratii qooda fuudhachun bu´a maal qabaa

Namooni biya alaa biya Awurroppaaraa yoo dhufu baatan, iyama jirenya biyya Jarmanii argachuuf waatokko tokko isaan barbaachisa. Kana kessa afaan Jarmanii siritti beekufi waaye seerafi jirenya biya

KNr. 630.036j Oromo BAMF 12/2016

jarmanii beekun iddo gudaa qabaa. Barumsa afaanifi jireenya jarmanii kanarratti qooda fudhatani bekumsa mirkaneefachun gargaarsa gudaa isiniif ta´aa. Lammi biya Jarmaniis daftanni argattuu.

Afaan Jarmanii isa barumsa kanarra argatan, jirenya kessanitti baayee itti gargaaramtu, carra ido hojji argachu kessanis inbalataa.

Anmeldung zum Integrationskurs

Yoo isin barumsa kanarratti qooda fudhachudhaaf mirga qabdu taanaan, yookin qoda fudhchuf dirqamamtan yo tae Ausländeramtira yookin waajira isin gargaaruraa waraqaa iyamsa argatu. Waraqaa iyamsa kana wajin listii waajira barumsa kanaaf naano kessanitti ittigaafatama kantaan irratti barefaman argattu .

Kanaafuu qaamolee barumsa kana laatan bira dhaquu dhaan waraqaa heyyama barumsaratti qoda fudhachu akka dandesan isinif kenname itti laachuun galmaa'aa.Yoo guyyaan itti glamaa'uu qabdan Waraqaa Heyyamaa keessatti mata duree "Heyyama Barachuu yookan Ulaagaalee Barbaachisan" jedhu jalatti barreeffameera ta'e, guyyuma kana galmaa'uu qabdu.Guyyaan kun erga darbee booda galmaa'uu hin qabdan.

Waajirii isin itgalmefamtanis barumsii yoom akka jalqabamuu isin beeksiisut irra jira. Barumsii garu baatii torban ja'a jalqabamuut irra jira. Waajira isin galmesee barumsi yoom akka jalqabamu isinitti himaa. Barumsi kun guyaa isin galmefamtan kaasee baati sadi jidutti jalqabamu qabaa. Yo waajiraa isin galmefamtanitti baati sadi jidutti barumsi jalqabamubannan waajira biraa filachudhaaf yookin achumatti amma jalqabamutti eegu naawayaa jatani filachudaaf haaqa qabdu. Akkas yootae waajiri isin galmesee waraqaa iyamsa kessan isinif debisu qabaa.

Barumsa fudhatamuu qabutti qooda barbaachisu fudhachuu

Kaayyoo barumsa walta'iinsaa kana rukutuf haala barbaachisaa ta'een qooda fudhachu qabda. Kanatti milkaa'udhaf idileedhan bakka barnootaatti argamuu fi qormaata dhumaa fudhachu qabda. Seeraan barumsa kanatti qooda fudhachun heyyama imalaa argachuuf gulanatti barumsa afaani kana itti fufuuf si gargaara. Dhaabbanni barumsa kana siif late, gaaffii ke irratti hundaa'ee, barumsa kana fudhachu keetif raga sii kenna.

Walumaagalatti, kan ati barsiisaa jijiiru dandeessu kuta barumsichaa tokko yoo raawwatte qoofa.

Gatti barumsa afaanifi jireenya Jarmanii

Waajira isinif barumsa keenuf gara kesanitti € 1._5saatitii baasu isin irra jira. Horrin kun barumsa saatii dhiba dhibaaf jalqabaratti baafamaa. Gattin barumsa gorsaas akkuma kanatii jalqabaratii baafamaa. Barumsarra yoo oltan gattin baaftan guyaa haaftaniif isiniif hindeebifamu. Yoo isin horri ofiikeesan qabaachu baatan, namni jireenya keesanif gaafatamaa kantae gatti kana baasun diqrama isaati..

Mindaa isin argatan salphaa ta´ee gatti barumsa baassuf yoo isin gau baatee Bundesamtiin gatti isiniif dhisu danda´aa. Kanaaf iyanoo keessan xalayaadhaan Bundesamtii badda dare isiniif gaafatamaa kanta´ef dhiyeessu qabdu. (tessodhaaf listii ilaalaa).

Kanaaf ammoo gargaarsa badaa barbaachuu keessan kan agarsiisu ragaalee akka (Koppii waraqalee ragaa akka Ibsa Hoji Dhabummaa II,faayidaa hawaasummaa,faayidaa manaa,lqii barataa,kanfaltii/durgoo daa'immanii,faayidaalee biroo bu'uura Seera Faayidaalee Dawo Barbaaddotaf godhamu jalatti eraman, kanfaltii kunuunsa guyyaarraa bilisa ta'uu,kanfaltii heyyama

Reediyoo fi televizsiiniirraa bilisa ta'uu,tikkeetti hawaasaa naannoo fi kkf) dhiheessuu qabdu.yoo danda'ame ragaalen kun osoo barnoota hin jalqabin dura haa dhihaatan.

Gargaarsa motumaarra argatu yoota´e waajira gargaarsa argataniraa barumsa afaanifi jirenya Jarmaniif Akka baratan yoo dirqamamtan gatti barumsa baasu isin hinbarbaachisu. Xalayaa iyaanos bareesu isin hinbarbachisu. Jidutti gargaarsa argachu kessan yoo dhaabatee waajjira Godaantotaa fi Koolu galtoota Federaalaa naannoo keessan jirutti beeksiisu qabdu.

Gatti barumsaaf moga kessanitti kan baaftan deebissisuu

Yamu isin guyaa 08.12.2007 bodee qoramsa irratti qoda fuudhatanii deebii gaarii arganaan Bundesamtiin gatti isin moga kessanitti baastan walakaa isaa isinif deebisu danda´aa. Kunni garu kan ta´u galmefamtani amma qoramsa fuudhataniiti waggaa lama yoo incaalee duwaa dhaa. Akkas yoo ta´e xalayaa bareesitanii iyaanoo keessan Bundesamtii badda dare isinif gaafatamaa kanta´ef dhiyeessu isin irra jiraa.

Baasii geejibaa

Kan ati gatii geejjibaa barbaachisaa ta'e baafte deeffachu dandeessu, Beenyaa hojii dhabuu sadarkaa 2ffaa (Arbeitslosengeld II) kan argattu taatee, gatii barumsaa baasuu dhiisun sii eyyamamee barumsa walta'iinsaa fudhachuu yoo dirqii seenteetta ta'eedha.Yoo Waanjirri Godaansaa fi koolu-galtoota federaalaa barmoota walta'insaa fudhachuu si dirqisiiseera ta'e, horii hamma tokko kan baasii geejjibaa ke ga'u sii kennamu danda'a. Kana argachuf garu, iddoon barumsichaa mana ke irra fageenya kilometirii sadii olitti ta'uu qaba. Akka qajeelfamatti, baasii geejjibaa bakka barumsaa caalaa mana keetti dhi'aatu qoofatu sii deebi'a. Horii geejjibaaf baafte deeffachuf Waajjira Godaanasaa fi Koolu galtoota Federaalaa naannoo aangoo qban biratti iyyachuun yoo kan sibarbaachisu ta'e qaama barnoota siif laatu gaafchuu dandeessa. Akka qajeelfamaatti, baasiin geejjibaa kan sii deebi'uu danda'u barumsicha yo milkaa'inaan xumurte qoofa.

Barumsa hordoffii keessa deebi'anii fudhachuu

Yo qorumsa afaan Jarmanii irratti dandeettii ga'aa ta'e agarsiifachu dadhabde, si'a tokko sa'aati barnootaa 300f (barumsa hordoffii afaanichaa) keessa deebitee barachun sii eyyamama. Garuu, kana gochu kan dandeesu, itti fufiinsaan barnoota hordoftee battallee afaanichaa yoo fudhattee qoofa.

Barmoota qubee(bu'uuraa) afaanichaa fudhachaa jirta yo ta'e, qormaata xumuraa fudhachun si irraa hineegamu.

Qormaata afaanii barumsa keessa-deebii booda fudhattuf horii baasuun si irraa hineegamu.

Sa'aa barnootaa kana irra deebitee barachuuf Waajjira Godaansaa fi koolu-galtoota Federaalaa naannoo aangoo qabu biratti iyyachuu qabda.

Huubachiisa nama barumsa kanarratii akka qoodha fuudhatu dirqamameef

Yoo isin Ausländeramtiiraa yookin waajira gargaarsa jireenyaaf argataniraa barumsa afaanifi jireenya Jarmanii akka baratan dirqamamnaan daftanii waajira naano keessanitii barumsa afaanifi jirenya Jarmanidhaaf gelmeefamufi barumsarratiis yeero yeerotti deemu qabdu.

Yoo isin akkas gochu baanaan jireenya biya kanaaf akka kana gadiiti bareefameetii hinmidhamtuu

- Murtii iyamsa biya kana jiraachu kessan dheerefachu yoo barbaadanfaa rakiina argatuu.
- Gargaarsa horri jireenya isin argatanirraa citu danda´aa
- kanarra darbeess Ausländeramtiirra gatti barumsa afaanifi jireenya Jarmaniidhaaf kara keessanirraa saati tokko tokkof Ewuroo 1,_5 kanbasstan sana barumsa hundumaaf waluumatti altookotii akka baastan dirqamsaan isin gaafatamu dandeesuu.
- horri akka baaftan addabamu dandeesuu.

Yoo isin barumsarratii yerro yerrodhaan qooda fuudhachu baanaan waajirrii itti gaafatamaa barumsa keesanif kanta´e kuun Ausländeramtiif yookin iddo gargaarsa itti argataniiti hubachiisu qabaa.

Kana bukeetii malfaa hubachuu isinirra jiraa

⇒ Foormiin hundumtuu iyyataa qajeelcha kana keessatti eerame kan argamu dhi□eessaa barumsichaa, biiroo godaansaa naannoo kee fi biiroota dhimmi akkasii ilaalu bira wwajjira Federaalaa Kana malee foormii akkasii teessoo interneetti www.bamf.de.irratti. Waraqaan foormii qajjeelfamichaa qoodafudhannaa keef odeeffannoo barbaachisa ta□e hunda of keessaa qaba. Odeeffannoo dabalataan si barbaachisee dhi□eessaa barumsichaa irraa argachuu dandeessa.

Kana malee, tajaajiloota biiroo gorsa godansaa fi tajaajila biiroo godaansaa dargaggoo irraa kennaman odeefadhu. Biiroon laman kuni iyyata galfachu, gaaffii ati qabdu rakkinoota si mudatan deebisu fi barnoota walta'insaa siif ta'u sii argu danda'u. Teessoo biiroo gorsa godaansaa fi biiroo tajaajila godaansa dargaggoo naannoo ke jiran biiroo godaansaa naanno keeti, biiroo Godaansaa fi Baqattootaa irraa ykn teessoo interneetti www.bamf.de. irraa argachu dandeessa. Utuu barumsa walta'insaa kana hordofaa jirtu, uwwisa insuraansii balaa seeraa qabaachuu dhiisu keessan hubadhu.